Rabbiin hojii irraa waan qulqullaa'ee isa qofaaf ta'ee fi kan fuulli isaa ittiin barbaadame malee hin qeebalu

Abuu Umaamaa Al-baahilii irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Namichi tokko gara nabiyyiitti dhufee -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhe: namicha mindaa fi maqaan isaa dubbatamuu barbaadee duule agartee, maaltu isaaf jira? ergamaan Rabbiis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Homaa isaaf hin jiru» yeroo sadi irra deddeebi'uun gaafate, ergamaan Rabbiis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- yeroo sadanuu «Homaa isaaf hin jiru» jechuun deebisaniif, eegasii akkas jedhani: «Rabbiin hojii irraa waan qulqullaa'ee isa qofaaf ta'ee fi kan fuulli isaa ittiin barbaadame malee hin qeebalu».

[sirrii] [رواه النسائي]

Murtoo namicha mindaa Rabbiin irra barbaaduu fi nama birattis faaruu argachuuf jecha duulaa fi qabsoof ba'ee gafachuuf jecha namichi wohii gara nabiyyiitti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhufee, mindaa ni argataa? jedhee gaafate, ergamaan Rabbiis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- mindaan homaa isaaf hin jiru jedhanii deebisaniif; niyyaa isaa keessatti waan Rabbiin malee jiru waan qindeesseef jecha, namichi gaaffii isaa yeroo sadi'iif irra deebi'uun nabiyyii gaafate -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- isaanis yeroo sadanuu deebiidhuma jalqabaa gadi jabeessanii, mindaan isaaf hin jiru jechuun deebisaniif, eegasii nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ulaagaa hojiin Rabbiin biratti ittiin qeebalamu isatti himani: Rabbiin hojii irraa hundi isaatuu osoo nama tokkollee isatti hin qindeessin Rabbiif jecha ta'uu fi fuula isaa barbaachuuf ta'u malee hin qeebalu.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/65107